Waaqayyo Hiikaa Mataa Isaati

Yaa Abbaa keenya isa Samii irraa, Sagaleen Si biraa dhufe, namni kamiyyuu yeroo kamiyyuu gochuu yookan jechuu kan danda'u ni caalaa, sababni isaas namoonni Si arguuf eeggachaa jiru. Fedhii guddaadhaan warri Si eeggatan waan jiraniif si galateeffanna, waan tokkotu nuuf ta'a jedhanii eeggachaa jiru waan ta'eef. Ummanni waan tokko akka dheebote, Waamichi gad fageenyaa gara gadi Fagootti ni harkisa, waanti gadi Fagoon waamicha sanaaf deebii kennu jiraachuu qaba. Har'a galgala kan asitti argamneef kanaafi, sababni isaa garaa tajaajiltootaa keessaa, fi saba bira kan ture, eebba fi simboo Si biraa akka barbaaddannee argannuuf, dhukkubsataa fayyiftee warra badan akka Ati oolchitu, Sagalee Kees akka mul'iftu amanneerra.

2 Yaa Abbaa Waaqa irraa, kana Ati nuuf kennita jennee, galgalaa hamma galgalaatti gad of deebisuudhan osoo Si eeggannuu, ni kadhanna. Haala akkanaan dha—dhangala'uun Hafuura Qulqulluu haa jiraatu, namni hundinuu Waaqayyoon alatti waan naannoo isaa jiru kamifuu jaamaa haa ta'u. Saba gidduutti kadhannaan dheebotanii Waaqayyoo barbaaddachuu guddaan, haa jiraatu, guutummaa biyyattii irratti dadammaqinni hafuuraa hamma ta'utti fi waldaawwan namni itti baay'atee dhiphatanitti haa ta'u, cubbamoonni araara Waaqayyoo argachuuf sagalee guddaan hamma kadhatanitti, a—akkasumas Hafuurri Qulqulluun dhukkubsattoota haa fayyisu, naafa haa adeemsisu, warra du'anis haa kaasu, Sagalee Kee keessatti abdiin nuuf galte hundi haa raawwatu.

3 Yaa Gooftaa Yesuus, koottu, Sagalee Kee raawwadhu. Galgala kana gara keenya koottu. Sagaleen kakuu Keetii akka lafa hin buune, kaleessas, har'as, bara baraan Isuma sana akka taate ni amanna. Samii fi lafti ni darba Sagaleen Kee garuu hin darbu. Hubannoon keenya banaa nuuf haa ta'u. Hafuurri Qulqulluun dhufee lafa bulmaata keenyaa nuuf haa sirreessu. Hubannoon keenya galgala kana Hafuuraa fi Humna Waaqayyoof banaa nuuf haa ta'u, Sagalee Isa abdachiifame karaa keenyaan akka mul'isuuf. Maqaa Yesusiin kadhanneerra. Ameen.

4 Amma, galgala kana, warri mata duricha baruu barbaaddan, Macaafa Qulqulluu keessaa Macaafa Pheexiroos isa Lammaffaa haa ilaallu, Sagalicha isa qulqulluu irratti seensa akka nuu ta'uuf yeroo muraasaaf lakkoofsa 15ffaa irraa haa eegallu.

Erga ani bahee booda waantota kana yeroo hunda yaaduu akka dandeessan gochuufan dhama'a.

Nuti mammaaksa haxxummaadhaan uumame*, osoo hin hordofin, Dhugaa baatuuwwan humna isaa argan taanee, humnaa* fi *dhufaatii Gooftaa keenya Yesuus Kiristoos* isin *beeksifna;*

5 Ishee kana nan jaaladha, "Dhugaa baatota ijaan argan." Oduu durii miti. Waa'ee waan dubbannuutiif nuti ragaa dha.

Inni Waaqayyo Abbaa irraa ulfinaa fi galata waan argateef, ulfina isaa isa *guddaa sana keessaa Sagaleen isaaf yeroo dhufe, Ilmi Koo inni jaallatamaan Ani baay'ee itti gammadu isa kana.*

Nutis gaara qulqulluu irra isa wajjin taanee, Sagalee kana samii irraa yeroo dhufu dhageenye.

Akkasumas jecha raajii caalaatti mirkanaa'e qabna; Sagalee kanaaf of eeggachuun waan gaarii ta'e *ni gootu, bakka dukkanaa'aa ta'etti . . . akka ibsaa ifuutti, hamma ifti guyyaa ba'utti, bakkalchi barii hamma garaa keessan keessatti ba'utti:*

Isa kana dursaatii beekaa, Macaafa Qulqulluu keessa raajii jiru eenyumtuu ofii isaa akka hiikuun hin eeyyamamneefi.

Raajiin gonkumaa akka fedha nama foonitti hin dhufne: garuu namoonni *Waaqayyoo qulqulloonni Hafuura Qulqulluudhaan gaggeeffamanii dubbatani.*

6 Gooftaan Sagalee Isaa dubbifame irratti eebba Isaa haa dabalu. Amma, akka mata dureetti kanan fayyadamu: *Waaqayyo Hiikaa Mataa Isaati.*

7 Barri nuti keessa jirru bara nama burjaajessuu dha. Dhiirris dubartiinis waan gochuu qaban baay'ee hin beekne keessa jirra. Waan hunda, haalli itti hubannu karaa walmakaa ta'eeni. Walumaa galatti, haala walmake keessa jirra. Akkana kan godhu, Seexana.

8 Amma, Waaqayyo ulaagaa namootatti murteessun hin qabu yoo ta'e, tole, haala qajeelaa fi sirrii ta'een murteessuu hin danda'u. Akkasumas Macaafni Qulqulluun yeroo dubbatu, nama hundumaatti Yesus Kiristoos akka itti murteessu dha, Yesus Kiristoos immoo Sagalicha. Wangeela Qulqulluu Yohaannis, boqonnaa 1ffaa, keessatti akkas jedha:

Jalqaba irratti Sagaleetu ture, Sagalichi Waaqayyoo wajjin ture, Sagalichis Waaqayyo ture.

Sagalichi immoo foon ta'ee, nu gidduu jiraate, . . .

9 Amma, nuti hundi keenyaa mul'iftoota amala Isaati. Waaqayyo biratti, Waaqayo. . . Jalqaba irratti Waaqayyo hin turre, Haata'u malee "Isa bara baraa" jennee Isa waamna.

Inni Waaqayyo hin turre, sababni isaas jechi (jechi Ingiliffaa) *Waaqayyoo* jechuun "waan waaqeffatamu" jechuu dha garuu kan Isa Waaqeffatu hin turre. Kanaaf Inni kan Bara Baraa, Bu—Burqaa dandeettii fi beekkumsa hundumaa ture. Burqaa sammuu hundumaa kana keessatti atoomiin, molakiyuulii ykn homtuu hin turre, ifni eessayyuu hin jiru, urjii, ji'a, waan biraas homtuu hin turre. Waaqayyo, akka Waaqummaa Isaatti kan beeknu, (inni jalqabbii hin qabne, xumuras hin qabne) Hafuurri Inni bara baraa sun, yeroo sanas tureera. Isa keessa immoo amaloonni turaniiru: amaloonni Waaqayyoo ta'uu isaa, akkasumas Inni Abbaa ta'uu isaa, amaloota Ilmaa ta'uu isaa, amaloota Oolchaa ta'uu isaa argisiisu, amala Fayyisuu qabaachuu Isaati. Amaloonni kun hundi Isa keessa turan. Amma Inni immoo. . . Waantonni yeroo sanaa jalqabanii mul'achuu eegalan sun hundi amaloota Isaa isa ibsani dha.

10 *Amaloota*, jechuun koo "yaadota Isaa." Akkasumas j—*jecha* jechuun "yaada ibsame dha." Kanaaf yeroo sana yaada Isaa keessa kanatu ture. Kanaaf yeroo Inni, "Mee kun haa ta'u" yeroo jedhu, ni ta'a ture. "Kun haa ta'u yeroo jedhu, ni ta'a ture.

11 Ammas, isin Kiristaanonni, yaadadhaa. Biyyi lafaa osoo hin uumamin dura yaada Isaa keessa kan turtan, Kanaaf isin mul'iftoota yaada Isaati. Biyyi lafaa illee osoo hin uumamin dura, Kiristoos keessa, (ameen) Waaqayyo keessa turtan. Kanaafuu, argitanii, kun kan Isaa akka taatan isin taasisa. Kanaafuu, dubbiin Waaqayyo inni ijoon, Ofii Isaatii, akka qaqqabachuun danda'amu of taasisee waan ta'eef Innis qaqabatame, ilaalame, k—kan kana fakkaatu. Walumaa galatti, Waaqayyo akka kanaa dha.

12 Namoonni yeroo dubbatan, "Hiikkaa isaa. . . " jedhu Yeroo dhiyoo kana waltajjii keessatti, wanta namni tokko naan jedhe, asitti dubbadheen ture, Innis akkana naan jedhe "Obboleessa Biraanhaam, akkaataa hiikaa dogoggorteetta. Haala sirriidhaan Sana hin hiikne."

13 Amma, gara Meetodistii yeroo deeman, "Warri cuuphaa sirritti hin hiikan." yeroo jedhan ni dhageenya. . . Warri cuuphaas akkana jedhu, "Warri Pheenxee hin danda'an" jedhu. Warri Pheenxees "Wa—warri Waannes hin danda'an" isaanin jedhu. Warri Waannesis immoo, "Warra Aseembliidhaan hin danda'an" ittiin jedhu. Inni tokko isa kaanin hin danda'u waliin jedha.

14 Nama Isaaf hiiku Isa hin barbaachisu. Waaqayyo Hiikaa Mataa Isaati! Hiikaa mataa Isaa ni taasisa. Waaqayyoon hiikuu eenyutu danda'aree? Waaqayyo Hiikaa Mataa Isaati.

15 Amma, bakka kanatti Phexros kan dubbatu, jalqaba irratti Waaqayyo, "Ifni haa jiraatu" yoo jedhu argina, ifnis ni ta'e, hiikni isaas kanuma. Waaqayyo waan tokko dubbatee yoo waanti sun raawwatame, Sagaleen Isaa dhugaa ta'e sun hiikaa

Waaqayyoo dha. Argitanii? Yeroo Inni akkas jedhe, “Ifni haa jiraatu,” sun osoo waanti ifa jedhamu hin jiraatin dura jalqaba yaada Isaa keessa kan ture dha. “Ifni haa jiraatu,” yeroo Inni jedhe, samiiwwan keessatti ifni garmalee ni ife, hiikkaan isaa sanuma. Kan Waaqayyo dubbate, eenyumtuu hiikuu hin barbaachisu. Yeroo Waaqayyo dubbatee inni immoo raawwatamu, hiikaan Sagalee Isaa kanuma. Namoonni kana arguu maaliif dadhaban? Sabnis maaliif kana arguun isa rakkise?

16 Yeroo Waaqayyo kakuu galu akkasumas Waaqayyo yeroo dubbatu . . . Jal—jalqaba irratti, Seera Uumamaa keessatti, Sagalee Isaa jalqabaa hamma xumuraatti Inni sadarkaa sadarkaadhaan tokko tokkoo barootaaf qoqqoodee kaa’ee jira. Baroota kana hunda keessatti, waldaan kiristaanaa waantota akka aadaawwanii, fi waantota baay’ee wajjin walitti makteettii, akkasuma Waaqayyos yeroo hundumaa, Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa keessatti, raajota isaa itti erga! Sagaleen Gooftaa gara raajichaa ni dhufa. Inni akkam godhaa? Sagalee Waaqayyoo ni mul’isa. Sirrii ta’uu fi dhiisuu kan argisiisu, mul’ata Waaqayyoo. Sagaleen ofii Isaa hiika, Eenyumtuu Isa hiikuu hin barbaachisu, Waaqayyo kakuu gallaan isa immoo raawwatama!

17 Waa’ee Isaa waan hin barbaachifne dubbachuun fayidaa maalii qabaa? (Waaqayyo kakuu gale kan raawwatu ta’ee osoo jiruu) hiikni kun sirrii miti jechuuf kan ija jabaatu namni cubbamaan eenyu? Waa’ee Ofii Isaa hiikaa Mataa Isaa kan ta’e Waaqayyo Mataa Isaati, hiikkaa. Sagalee Inni ni raawwatama jedhee kakuu gale raawwachuudhaan ofii Isaa ofumaan hiika, Isa hiikuuf namni Isa hin barbaachisu,

18 Oo, waldaan kana hubattee kakuu tokko tokkoo barootaaf ramadame osoo arguu dandeessee! (bara waldoota kiristaanaa torban keessatti illee osoo hin hafin) baroota biroo hundumaa keessatti, Waaqayyo gara isaanitti ergee jira gochuudhaaf waan Inni kakuu gale hundumtu mul’ateera. Tokko tokkoon, osoo hin raawwatamin waanti hafe hin jirtu. Sirriitti! Inni nan raawwadha Kan jedhe hundumaa, Inni raawwateera.

19 Sababni isaas Waaqayyo Isaayyaas keessatti yommuu dubbatu, “Durbi ni ulfoofti jedhe.” isheenis ni ulfoofte. Amma, sana eenyu—eenyutu hiikeree? Waaqayyootu hiika isaa raawwate. Inni, akkuma “Durbi ni ulfoofti” jedhe. Isheenis akkasuma ni ulfoofte. Amma, isin . . . homaa gochuu hin dandeessan . . . Waa’ee kanaa homaa jechuun hin danda’amu, sababni isaa Waaqayyo akkuma dubbate isheenis ulfoofte. Garuu waldaan yeroo sanatti kana arguudhaaf garmalee jaamtee waan turteef arguu hin dandeenye. Argitanii, isaan yaada mataa isaanii qabu turan. Kan isaan eegan caala—baay’ee adda ture.

20 Pheexiroos gara duubatti deebi’ee, yeroo ibsu akkas jedhe,

"Waaqayyo Kiristoosiin Sagalee isaatiin mul'ise, 'Kun Ilma koo isa jaallatamaa dha' jedheen," jedha. Amantoonni achi dhaabbatanii turan. Kiristoos immoo mul'ata Waaqayyoo ture. Kiristoos Sagalicha waan tureef, Inni yeroo hundumaa Kiristoosiin Sagalee Isaan mul'isa, Inni yeroo hunda ni mul'ata.

21 Bara Nohi. . .yeroo dubbatu, Kiristoos Nohi keessa ture. Kana ni amantuu? Nohi akkas jedhe, "Roobni ni rooba. Roobni ni rooba, laftis ni baddi." Roobni ni roobe. Hiika tokkollee hin barbaachisu. Waaqayyo, Nohi keessa ta'ee, ni rooba waan jedheef, "Roobni ni rooba." Inni raajii ture, ragaan isaas wanti inni dubbate raawwatameera. Kanaaf sana hiikuun hin barbaachisu.

22 Tarii namoonni tokko tokko, naannoo isaa jiran, akkas jechuu danda'u, "Namichi kun waan dubbatu hin beeku."

23 Garuu Waaqayyo yeroo baay'ee kakuu galeera, "Isin keessaa namni hafuuraa, yookan raajiin yoo jiraate, wanti inni dubbatu yoo raawwatame, isa dhaga'aa." Sirriidha, sababa dhugaa ta'eef. Akkaataa Sagaleedhaan ta'uu qaba. Nohi immoo Sagalichaan walsimsiisaa ture. Yeroo inni ni rooba jedhee raajii dubbate, roobni ni roobe. Sun waan raawwatameef, hiika biraa hin barbaachisu.

24 Isaayyaas akkas jedheen. "Durbi ni ulfoofti,." isheenis ni ulfoofte. Amma, sun waan hin beekamne ture. Sababni isaas, durbi kun osoo hin ulfaayin waggoota dhibba hedduu dura ture. Argitanii,

25 Hamma nama maqaan isaa Yooseef jedhamu nama gaarii abbaa manaa isheetti, sun waan hin baramne ture, "nama qulqulluu ta'ee osoo jiruu hawaasicha keessatti akka isheen adabamtu gochuu hin barbaanne. . . " Namni gaariin sun bara sana keessatti, Yoseef yeroo kaadhimmatee turetti, Yooseefitti maaltu dhaga'ame laata.

26 Isheen kaadhimaa qabdi turte. Guyyaa sana, Ani kana irra darbuun, akka waanan cubbuu eejjaa raawwadheeti, Dhuguma immoo, Yooseefitti, Maariyaam cubbuu ishee dhofkachuuf waan itti fayyadamte fakkaata, yookan immoo waa'ee dogoggora ishee da'eeffachuuf, 'sababa isheen heerumtee osoo hin taane, kan kaadhimamtuu qofa yoo taatu, haadha taatee argamte. Gowwoomsi akkasii, akka seera yeroo sanaatti, hamma du'aaitti dhagaadhan nama rukkuchiisa, ta'uu qaba ture.

27 Yooseef, abbaan manaa ishee immoo nama qajeelaa, nama baay'ee qajeelaa ture. Waaqayyoon amana ture. Jaalalaan kan guutaman, ijoota ishee lallaafaa fi gurguddaa sanaan isa ilaalaa, akkana jetteen, "Yooseef, Gabri'eel Angafni Ergamootaa gara koo dhufee dhiira osoon hin beekin ulfoofta, jedhee natti hime jetteen."

28 Amma, osoo Yooseef akka isheen akkana taatu raajiin dubbatamuu isaa xinxalee, Macaafa Qulqulluu garagalee

ilaaleera ta'ee! Waaqayyoo qofatu Sagalee Isaa hiika! Argitanii? Garuu kun waan hin baratamne ture.

29 Bara kamiyyuu keessatti akkuma kana. Sagaleen Waaqayyoo sabaaf keessummaa dha; Baay'ee kan hin baratamne dha. Waaqayyo yeroo hundumaa waan hin baratamne raawwata. Bakka Waaqayyo jiru hundumaatti waan hin baratamne dha. Karaa kana ta'uu qaba jedhanii karaa ittiin yaadaniin haalota waan hubataniif, seerota addunyaa wajjin wal faallessa. Waaqayyo garuu dhufee waan hin baratamne hojjachuu itti fufa.

30 "Durbi kun akkamitti ulfoofte?" Inni nama sirrii waan tureef, waa'ee kanaa Waaqayyoon gaafachaa ture.

31 Waaqayyo immoo abjuudhaan itti dubbatee, akkana jedheen, "Yoseef, yaa ilma Daawit, Maariyaam haadha manaa kee gara keetti fudhachuu hin sodaatin, Waaqayyo ishee golgeera, kan isheen ulfoofte Hafuura Qulqulluudhani. Kun kan ta'e haala kanaani."

32 Waaqayyo Yoseef wajjin akkamitti akka hojjete hubattaniittuu? Karaa lammaffaa, karaa abjuutiini. Amma, abjuuwwan akka jiran beekna, abjuutti ni amanna. Anis abjuutti nan amana. Waaqayyo yeroo hunda abjuudhan namootatti dubbachaa . . . tureera. Abjuun garuu sadarkaa lammaffaa dha, argitanii, yoo hiikamuu baate dhugaas dogoggoras ta'uu ni danda'a. Garuu hiikaa tokkollee isa hin barbaachisu. Bara sana raajiin abjuu hiiku lafa irra waan hin turreef, Yooseefitti kallattiidhaan kan itti dubbate Waaqayyo ofii Isaa ture. Waggaa dhibba afuriif raajii hin qaban ture. Kanaafuu, Waaqayyoo waa'ee nageenya Ilma Isaaf jecha, filannoon lammaffaan, Yooseefitti hiikaa tokko malee abjuu keessatti itti dubbate. Akkas jedhe, "Dubartiin sirrii jette. Garaa isheetti kan ulfoofte Waanti Qulqulluu Sun Ilma Waaqayyoo ti." Hiikkaa tokkollee hin barbaachifneef.

33 Garaa qulqullaa'aa fi dhugaa ta'aniif, Waaqayyo ofii Isaa ni hiika. Waantota icciitii—ta'an eegaa kan jirtan dubartoonni fi dhiironni yoo amantan, akkasuma qajeelotaa fi garraamota yoo taatan, Waaqayyo karaa ittiin isiniif hiiku qaba. Waan hunda dursee, Kakuu akka ta'e qoradhaa. Yooseef osoo duubatti deebi'ee waantota aadaa ta'an dhiisee, gara Macaafa Qulqulluutti deebi'e, Isaayyaas ni ulfoofti jechuu isaa, osoo qoratee.

34 Waa'ee dhalachuu isaa fi caaffata Qulqullaa'aa keessatti, waantonni waa'ee isaa dubbatamanii, fi jedhaman hundi, yoo qorataman, "raajota qulqullootaan," akkuma Pheexros jedhe. Namni kamiyyuu immoo sanaaf hiika dhuunfaa kamiyyuu kaa'uuf mirga hin qabu. Waaqayyo ni ta'a kan jedhee dubbate qofaatu ta'a. Bara sanaaf kan dubbate kakuu Waaqayyoo kan

ittiin mul'ise ture. Waaqayyo akkuma dubbate, innis ni ta'e. Raawwateera.

35 Yesuus biyya lafaa irra yeroo ture, tajaajila Isaa hubachuu waan dadhabaniif, akkana jedheen . . . taateewwan baay'ee guddaa, baay'ee ajaa'iba ta'us, jechuun taatee caalu, (Hubachuu hin dandeenye). Isaan Isa hubachuu hin dandeenye. Innis, "Caaffata Qulqullaa'aa ni qorrattu!" jedheen. (Iyyee akkan gurra isin hin duuchine, abdiin qaba.) "Isin macaafota keessatti Jireenya Bara Baraa akka qabaattan isinitti fakkaata, kanaaf isa qorattu, isaan waa'ee Koo ragaa ba'u." Argitanii? "Isaan Eenyu akkan ta'e Warra isinitti himanii dha."

36 Argitanii, guyyaan sun kan Waaqayyo (Amaanu'eel) nu wajjin, guyyaa mul'achuu Waaqayyoo akka taatuuf, Waaqayyo Sagalee ramadeera. "Maqaan isaa Ajaa'iba, Gorsaa, Angafa Nagaa, Waaqa Jabaa, Abbaa Bara Baraati. Maqaan Isaas *Amaanu'eel* jedhama, 'Waaqayyo nu wajjin jira' jechuudha." Waaqayyo Daawit keessa ture. Waaqayyo Musee keessa ture. Waaqayyo . . . Baroota keessatti ofii Isaa mul'isa, Waaqayyo waan hundaan ture. Garuu bara kana, "Durbi ulfooftee Ilma da'uuf jirti, Innis Waaqayyo nu wajjin jedhama."

37 Kan Isa fannisaniif kanumaafii, Ofii Isaa Waaqayyo waan taasiseef, akkasumas seera Sanbataa waan cabseef. Inni Sanbata irratti—Waaqayyo dha, akkasumas Inni Waaqayyoo ture. (Namaa fi raajii yoo ta'e illee) nama akkasumaanii fi raajii akkasumaanii hin turre, garuu Inni Raajii-Waaqayyoo ture. Waaqayyo waa'ee Isaa akkuma dubbate Sagalee Isaa ni raawwata, Innis raawwii Sagalichaa ture. Akkas jedhe, "Isin keessaa eenyutu cubbuu Natti murteessuu danda'aa? Caaffata Qulqullaa'aa qoradhaa! Jireenya Bara Baraa isa keessatti waan argattan isinitti fakkaata, Inni garuu waa'ee Koo kan dhugaa ba'u dha." Garuu duudhaan isaanii, jireenyi isaanii bara biraatti calaqqee ture.

38 Torbeewwan muraasa dura, "*Calaqqeessa keessa jiraachuu*" jedhee lallabeen ture. Balaqqeesa'uun, aduun kan calaqiftu, "calaqqeessa" sobaati. Balaqqeen kamiyyuu baraa kan biraatiif calaqqeessa sobaati. Uummanni yeroo hunda waan waggoota dura ta'an keessa deemaa jira. Warri Luuteraan balaqqeessa Luuteraan keessa deemu. Ifni Luuter bara isaatti gaarii ture; Weesliin bara isaatti gaarii ture; Pheenxenis bara isaatti gaarii ture. Sadarkaa ol ba'aa jirra, bara kan biraa keessa jirra! Nuti adeemsa irra jirra, irra, nuti gara duubaa ilaaluu hin dandeenyu.

39 Waantota hundumaan yeroo boqonnu, waan hundumaa waan bira geenye fakkaata, aadaa keenyaan haguugamna; bara sanaaf sun waan gaarii dha, garuu deemichi itti fufa! Caaffata Qulqullaa'aa keessaa sakatta'aa har'a maaltu akka abdachiifame ilaalaa, sana booda eessa akka jirru ni beekna, sana booda eessa akka dhaabanne dubbachuu dandeenya.

40 Macaafa Qulqulluu ilaaltanii, Luuterin; bara—Sardees keessatti ilaaluu ni dandeessu, kakuu kakatame ilaaluu dandeessu. Mee ilaalaa konkolaachisaan akkamii akka ba'e, isa simachuu kan adeemes ilaalaa, sirriitti, "haxxummaa ilma namaa," haaromsa. Wesilii, fi Kan kana fakkaatan ilaalaa. Gara bara Pheenxeqoosxeetti gadi bu'ee, baruma sana keessa darbee, akkamitti akka adeeme ilaalaa. Macaafa Qulqulluu sakatta'aatii bakka amma qaqqabne ilaalaa. Yesuus, "Macaafa Qulqulluu qoradhaa!" kan jedheef kanaafi.

41 Bakka jirru ilaalaa! Yeroo ammaa keessa jirru bara Dhufaatii Ilma Waaqayyoo ta'uu isaa nan amana. Yeroo kamiyyuu dhufuu akka danda'u—sa'aatii kamiyyuu mul'achuu akka danda'u nan amana. Yeroon nuti keessa jirru kun boqonnaa seenaa addunyaa isa xumuraa keessa akka ta'e, Macaafni Qulqulluun akka labse nan amana. Wantoonni bakka isaanii yeroo qabatan nan arga. Tokkummaan Manneen Kiristaanaa kun, gara mallattoo bineensichaatti yeroo isaan geggeessu nan arga. Impaayiriin Roomaa fi warri kaan, maal akka gochaa jiran nan arga. Ibsaa ishee dhaamsuuf, Wangeela cufuuf, hundumti isaanii yeroo tokko ta'an nan arga. Namni hundi ifa isaanitiin adeema akkasumas miseensa ta'uu qaba yoo ta'uu baate wajjin hin deemtan. Argitanii, bara dhumaa irratti argamna. Waaqayyootti hirkachuu fi Sagalee Isaa amanachuun ala waanti nu hafe hin jiru. Sagalichi yeroo hunda sirrii dha.

42 Bara waldaa Lodoqiyaa keessatti, barri waldaa sun tokko qofa, waldaa ishee adda baate, Kiristoos waldaadhan ala bakkee kaa'ame. Inni bakkee dhaabatee, balbala rurrukutaa jira. Maaltu ta'ee? Gara bakkeetti kan Isa baase Tokkummaa Manneen Kiristaanaati. Macaafni Qulqulluun bakkee akka ba'u dubbateera, Innis bakkee jira. Maal cufan? Sagalicha cufan. Inni Sagalee dha, Yeroo hunda Sagaleetu ture, hanga har'aa halkan kana illee Sagalee dha! Inni Sagalee dha.

43 Macaafni Qulqulluun, "Sagalichi billaa qara lama qabu caalaa kan qarame, humna guddaa kan qabu dha," Ibroota, boqonnaa 4ffaa, "yaadaa fi akeeka garaa nama qorata" nuun jedha. Sagalichi ture! Guyyaa sanatti Yesus yeroo itti dubbatu Eenyu akka ta'e beekuu qabu turan.

44 Waan Inni hojjate ilaalaa. Guyyaa jalqaba tajaajila Isaa, gaaf tokko Inni achi dhaabatee ture. Namichi tokko gara Isaa dhufe, Simoon kan jedhamu, Simoon Pheexiroos gara isaa dhufe. Pheexiros yeroo Isa ilaalee fi—isa argee, Yesuus akkas jedhe, "Maqaan kee Simoon akkasumas ati ilma Yoonaa ti" jedheen. (Museen kan jedhe Inni beekuu qaba ture, "Waaqayyo Gooftaan keessan Raajii akka kootii isiniif ni kaasa, Isa dhaga'aa.") Kunoo Namni jireenya Isaa keessatti isa argee hin beekne tokko ture, "Maqaan kee Simoon jedhama ati ilma Yoonaa ti" ittiin jedhe. Maaliif, kana booda ta'uu akka hin dandeenye yeroo sanatti beeka ture. . . Waggoota dhibbaan lakkaa'amaniif raajii

hin qabani, amma kunoo Namichi tokko eenyu akka ta'e itti himaa ture. Kana simachuu danda'uun isaa nama hin ajaa'ibuu!

45 Filiphoos, yeroo sanatti, dhaqee—Nataanaa'eel muka jalatti argee gara Yesusitti fide. Yesuus immoo, "Kunoo Isiraa'eel keessaa nama haxxummaan keessa hin jirre" jedheen.

Innis, "Barsiisaa, eessatti na beekta?" jedheen.

46 Innis, "Filiphoos osoo si hin waamiin dura, yeroo ati muka jala turte, ani si argeera" jedheen.

47 Innis, "Barsiisaa, Ati Ilma Waaqayyooti! Ati Mootii Israa'el" jedheen. Sun Maal akka ta'e beeka turee? Hiikkaa tokkollee hin barbaachisu ture, Yihowaan Akkas jedheera!

48 Warri hin amanne achi dhaabbataniiru. Isaanis, "Namichi Kun Beelzebuli dha. Inni waa qaba—Inni mala ittiin nama gowwoomsee ofitti harkisu qaba jedhaniin. Inni—Inni nama raajii dubbatudha, yookan waan akkasiiti."

49 Yesuus isaan ilaalee, "Maaliif, Ilma namaa irratti jecha yoo dubbattan, isiniif dhiifama. Garuu Hafuurri Qulqulluun hojechuuf yeroo dhufu, Isa mormuudhan yoo arrabsitan, gonkumaa dhiifama hin argattan, addunyaa kana yookan addunyaa dhufu keessatti." Inni waa'ee bara keenyaa, guyyaa nuti arguu qabnu raajii dubbatee ture. Inni kaleessas, har'as, bara baraan isuma waan ta'eef.

Musee keessa kan ture Yesus Kiristoos akka ture yaadadhaa.

50 Daawit keessas Yesus Kiristoositu ture. Daawit ilma . . . Daawit mootii isa tuffatamaa ture, yeroo gaara irratti ol ba'ee, waa'ee Yerusaalemiif ni boo'e, kun waan biraa miti Kiristoositu isa bira jira malee. waggaa dhibba saddeet booda, Ilmi Daawit Tulluu Ejersaa irra dhaabatee Yerusaalem gadi ilaalee boo'aa, akkana jedheen, "Yerusaalem, Yerusaalem, akkuma indaanqon cuucii ishee walitti qabduu walitti si qabuu nan barbaade, ati garuu hin barbaanne!"

51 Yoseef yeroo mana hidhaa turetti, sunis Yesuus ture. Yeroo inni meetii soddomaatti gurgurames, sun Yesuus ture. Ol'aanaa Pheexifaaraa yeroo turetti, mirga Fari'oon yeroo taa'ettis, kunis Yesuus ture. Yooseef yeroo ka'e . . . xurumbaatu hafuufama, namni tokko osoo hin hafin, jilbeenfatee sagada, sunis Yesuus ture. Karaa Yooseef malee—eenyumtuu gara Fari'oon deemuu hin danda'u ture; karaa Yesuus malee eenyumtuu gara Waaqayyoo dhufuu hin danda'u, Yesuus qofaan. Raajiidhaan dubbatamanii jechoonni raawwataman, fakkeenya fi gaaddiduudhan kan dubbataman hundi, waa'ee Yesuus ture.

52 Yesuus yeroo lafa kanarra ture, akkuma raajonni godhan waan walfakkaataa godheera. Sagaleen Waaqayyoo Mul'ata ta'uu Isaa kan hubataniif sababa kanaaf ture, Hiikamuu hin qabu.

53 Naataanaa'el kana yommuu arge, kufee, akkana jedhe, "Ati Mootii Israa'el, Ilma Waaqayyoo, Mootii Israa'eeli. Namni tokko illee kana gochuu akka hin dandeenye, ni beekna" jedhe.

54 Niqoodimoos halkan dhufee, warra Fariisotaan akkasuma jedheen. Garuu, isaan Mana Maree Ikuumeenikii biyyoolessaatti waan qabamaniif Kana fudhachuu hin dandeenye. "Barsiisaa, nuti. . ." jedhe, waan isaan jedhan ibsee, Eenyu "nuti"? Manni maree isaanii! "Ati barsiisaa Waaqayyo biraa dhufe ta'uu Kee ni beekna, 'sababni isaas namni tokko illee wantoota kana gochuu hin danda'u' Waaqayyo isa waliin yoo ta'e malee." Isaaf beekkamtii kennaniiru, Isa beekaniiru, haa ta'u malee dubbiidhaan baay'ee qabamaniiru.

55 Ammas, Waaqayyo waggoota afurtama darban keessatti, saba kana cuuphaa Hafuura Qulqulluutiin raaseera, garuu ammas dhiironnii fi dubartoonni kiyyoo walfakkaataan waan qabamaniif balaqqeessa bara biraatin waan jiraataniif Isa irraa fagaatanii jiru. Rakkinichi maali? Namni hunduu Meetodistii, Baaptisitii, Pirisbaayteriyaan, Luteraanii yookan waan biraa ta'uu barbaada. Argitanii, kun calaqqee dha.

56 Isaan calaqqee ifa bara Musee keessa jiraachaa turan. Maal jedhe? Akkana jedhe. . .Isaanis, "Nuti duuka buutota Museeti" jedhan.

57 Innis akkas jedhe, "Osoo Musee beektu ta'ee Anas ni beektu ture. Museen waa'ee Koo barreesse!"

58 Osoo Luuter beektu ta'ee, bara kana beektu ture! Osoo Meetodistii beektu ta'ee, bara kana ni beektu ture! Kiristoos waa'ee bara kanaa barreesseera! Jechoonni barreeffaman bara kana keessa raawwatamuu qabu. Hiikkaan namaa isa hin barbaachisu, Waaqayyo hiikaa Mataa Isaati. Waaqayyo ofii Isaa hiika, sababni isaa Isa qofa hiikuu kan danda'u. Abdiin Waaqayyoo yeroo hundumaa waan Inni jedhe mul'isa, hiikni isaas kanuma.

59 Amma, Yesuus, (yeroo qusachuuf), Yesuus akkana jedhe, Qulqulluu Yohaannis keessatti, boqonnaa 14ffaa, lakkoofsa 12ffaa, "Namni Anatti amanu hunduu, hojiiwwan ani hojjedhu ni hojjata." Jedheeraa? Sirriidha. Sun hiikkaa tokkollee hin barbaachisu. Namni tokko hojii sana yoo hojjetu, Waaqayyodha. Shakkii malee!

60 "Akkuma bara Loox ta'e, bara dhufaatii Ilma namaas akkasuma ni ta'a." jedheera. Yesus kana jedheera. Inni akkas jedheeraa? Dhugaadha, Inni akkas jedheera! Sun hiikkaa hin barbaadu.

Isaanis, "Tole, kana jechuun. . . "

61 Hiikni isaas sirriitti waan Inni jedhe qofa ture! "Akkuma bara Loox ta'e, bara dhufaatii Ilma namaas akkasuma ni ta'a."

Bara Loox maaltu ta'ee? Maaltu akka ture hubachuuf, mee yeroo muraasaaf qofa duubatti haa deebinu.

62 Bara Loox namoota gosa sadiitu turan: amantoota, fakkeessitoota, fi kan hin amanne. Tuuta sana hunda keessa, waanuma walfakkaataa ture.

Warri Sodoom namoota hin amanne ta'uu isaanii ni argina.

Loox immoo amanataa-fakkeessaa ture.

63 Abrahaam amanaa ture. Inni nama kakuun mirkanaa'eef ture. Ilma abdachiifame kan barbaadaa ture isa. Isa kan eeggachaa ture. Ameen. ("Ameen" kanan jedhe ofii kootiif miti. *Ameen* jechuun "Haa ta'u!") Sunis immoo sirrii dha. Abrahaam Sodoom keessa hin turre. Abrahaam ka'ee Sodoomii keessaa ol ba'ee ture. Inni har'a Waldaa hafuuraatiif fakkeenya.

64 Loox garuu ammaayyuu akka gaaddiduu waldaa ishee Soodom keessa jirtuuti. Ilaalaa, Macaafni Qulqulluun yeroo dubbatu, "Cubbuun Sodoom guyyaa guyyaan lubbuu isaa qajeelaa ni dhiphisa ture" jedha. Ba'ee akka mormuuf onnee gahaa kan dhabe maalifi? Har'as namoonni gaarii ta'an heddu waldaa keessa taa'anii, dubartoonni wayyaa gaggabaabaa yeroo uffatan fi dhiironnis waan baay'ee yeroo raawwatan, miseensonni waltajjichaa, gaafa Sanbataa goolfii taphachuuf yeroo deeman, iddoowwan bashannanaa deemuu, gara bishaan daakuu fi kan kana fakkaatan yeroo deeman, waldaa deemanii hirmaachuurra. Waldaa deemurra gaafa Roobii galgala mana isaanii taa'anii, televizyiinii ilaaluu. Waan ta'e dubbadhu kan jedhuun osoo jiruu, yoo dubbatan garuu boordin isaan arii'ata. Rakkinichi maal ture? Ammas Loox, foddaa isaatiin ala ilaalee cubbuu argee, cubbuudhan "cubbuu"! jechuu sodaata.

65 Abrahaam jeequmsa isaanii keessa hin turre, keessaa ba'eera. Inni gaaddisa Waldaa hafuuraa ture. Amma yeroo dhumaatti waan ta'e daawwadhaa, osoo ibiddi hin bu'iin dura. Isaanis Ormoota turan. Har'a mootummoonni bittineeffamanii gosni Ormootaa akkuma ibiddaan gubatu, gaaddidduu agarsiisu dha. "Samiiwwan ibiddaan ni baqu," jedheera Gooftaan, "ho'a cimaadhanis ni gubatu." Sun gaaddidduu isa kanaa ture.

66 Amma mee fakkiidhaan haa ilaallu. Kunoo Abrahaam dura ba'eera, Sodoom keessa miti, Sodoomiin ala jira. Loox amma iyyuu Sodoom keessatti hafe.

67 Gaaf tokko ganama, guyyaa keessaa naannoo sa'a shaniitti, haala hin baratamneen, namoonni sadii yeroo dhufan arge, karaa irra, daandii mataa isaani irra kan deeman, namoota akkasumaanii. Abirahaam muka jala taa'ee ture, boqonnaa fudhachaa ture. Tarii sa'a booddee, deebi'uu barbaadee, ganama obboroo tuuta wajjin ba'uu hin oolle. Garuu akka tasaa namoonni sadii yeroo dhufan ni arge. Namoonni kun, waan nama dammaqsu wayii waan adda ta'e, qabu turan. Oo, maay!

68 Yeroo hundumaa Waaqayyoon adda waanti godhu tokko jira, yeroo Inni namoota gidduu dhufu, Inni isaan dammaqsa. Isaan Isa beeku. Wanti itti himu jira, achitti waanti isaanitti mul'atu jira.

69 Abrahaam dafee fiigee, akkas jedheen, "Gooftaa koo, koottaa bishaan xiqqoon isiniif haa dhufu, miila Keessan dhiqadhaa, akkasumas buddeena xiqqoos Isiniifan fida, ofii keessan jabeessaa, sana booda karaa keessan deemtu." Sana booda as deebi'e. Gara loon isaatti fiigee jibicha tokko fidee qale, garbicha isaaf mijeessu qaba ture. Isaa gadi kan ture, gara dunkaana isaa dhaqee, Saaraa argee isheenis daakuu qopheessite, muraasa akka tolchitu, nyaata muraasa, daabboo tolchitee, keekii immoo iddoo ibiddaa irratti tolchite. Isaanii fidee dhi'eessseef. Osoo achi taa'anii, nyaachaa jiranuu, waan tokko hubatan, Namichi kun gara Sodoomitti gadi ilaaluu itti fufe. Kanaaf Inni akkas jedhe . . .

70 Lamaan isaanii, gara Soodoom akka deeman, yaadadhaa. Lamaa immoo Sodoom deemaniiru. Maaloo kun isin hin darbin. Waan Yesuus jedhe caqasuu kooti. Lamaan isaanii Looxii fi warra qophaa'an achi Sodoom keessaa baasuuf gadi bu'aniiru. Namoonni lama achii gadi bu'anii, deemanii lallaba lallaban. (Inni Tokko immoo Abrahaam wajjin ture. Mallattoo Inni godhe ilaalaa.) Isaanis achumatti . . .mallattoo simatan, warri Sodoom jaamummaadhan rukutaman. Wangeela lallabuun yeroo hundumaa namoota hin amanne jaamsuudha. Kanaaf waan ta'e hubadhaa.

71 Amma, Inni tokko Abirahaam biratti hafee mallattoo hojjetee jira.

72 Amma, hubattanii beektuu? Hayyuun seenaa kamiyyuu, Sagalee Qulqulluu haa ta'u, seenaas haa ta'u qoradhaa, baroota waldaa keessatti yeroo namni tokko gara waldoota maqaa addunyaa kanaa ala jiran namni ergame dhaqe hin turre, akka Abirahaam dhumni maqaa isaa h-a-m kan ta'e namni tokko, sana dura, gara dhaabbata amantaa dhufee hin beeku. Amma garuu gara sanatti gadi bu'ee, kan nama waamu, G-r-a-h-a-m. Namni tokko dhufeera. Sirriidha. Achitti hojii guddaa hojjechaa jira. Girahaam, Biilii Girahaam, waldoota amantaa gidduutti, namoota siyaasaa biratti fi kan kana fakkaatan gidduutti, itti cabsee kan dubbatu, hojjetaan Waaqayyoo.

73 Yeroo tokko gaggeessa biyyaa ta'uuf dorgomi ittiin jennaan, garaa isaa irraa hin barbaadu jedhe. Kanaaf, Waaqayyo isa haa eebbisu. Maaliif, dhaabbileewwan wiskii kun, gonkumaa akka durii hin ta'uuf ture. Isaan doolara biliyoonatti lakkaa'amu kasaaran, haala salphaadhan waan isaan mo'achuu danda'uuf, Dhaabbileewwan sijaaraa fi isaan kaan hundumtuu. Argitanii, warra Sodoomiif akka waan ergameetti Ergamaan Waaqayyoo ba'eera. Sun sirrii dha.

74 Garuu yaadadhaa, Abrahaam biratti kan hafe, Nama biraa tokkotu ture, Lamaan isaanii isaan lallabuudhaaf bu'an hojjettoota wangeelaa qaroomina qaban miti. Hubadhaa, namni tokko achitti akka hafe. Lamaan isaanii *achi* gadi bu'an, tokko immoo *asumatti* Abirahaam biratti hafe. Inni Abrahaam bira ture kun immoo mallattoo isaa kenneef.

75 Amma ilaalaa, guyyaa tokko yookan guyyoota lama dura "Abraam" jedhama haati manaa isaas "Saaraayi" jedhamti turte, Waaqayyo isatti mul'atee "Amma maqaa kee Abraam irraa gara Abrahaamitti jijjiirera" jedhee itti dubbate. (Argitanii, G-r-a-h-a-m qubee ja'a dha, nama.) Garuu A-b-r-a-h-a-m torba, qubeewwan torba; h-a-m, h-a-m xumura.

76 As irratti, Waldaa hafuuraa keessatti, Abirahaam wajjin namni tokko hafeera, maal akka Inni jedheen ilaalaa. Innis, "Abirahaam," (miti "Abiraam") "Abirahaam, haati manaa kee eessa jirti" (miti "S-a-r-r-a") "S-a-r-a-h? Haati manaa kee Saaraan eessa jirti?"

77 Waan inni jedhe daawwadhaa, "Isheen dunkaana keessa Si duubaan jirti."

78 Innis akkas jedhe "Sin milladha. Ani si millachuufan." Bamaqaa dhuunfaa sana argitanii, isa Tokko, akkuma jecha kakuu Isaatii kan godhu. Inni Waaqayyoo dha! Inni, "Si ilaaluufan deema" jedhe.

79 Saaraan immoo, (karaa hundi keenya hubannuun) wayyaa ishee ol harkiftee, ofitti kolfite, "Ani, jaartiin kun, gooftaan koo, (Abrahaam) umuriin isaa dhibba" jette. "innis dulloomeera, barri dargaggummaa keenyaa nurra darbeera" jette. "Kun akkamitti, nuti kana booda gammachuu akkasii qabaachuu hin dandeenyu, akkasuma immoo ani dulloomeera innis dulloomeera", jette. Akkasuma, "Akkana gochuu hin dandeenyu." Akkana jette, "Akkamitti? Waantonni kun ta'uu hin danda'an!"

80 Akkasumas—Namicha (Waaqayyo foon namaa keessatti) "Saaraan maaliif akkana jettee kolfitee, shakkite?" Dunkaana keessatti, Isa duuba, jedheen.

81 Amma tajaajilli Yesus Kiristoos, yoo akka kana ta'uu baate hubadhaa! Saba walitti qabame ilaalee yaada garaa isaanii ni beeka ture. Eenyu akka ta'ee fi maqaan abbaa isaa maal akka ta'e Pheexiroositti hime. Naataanaa'elitti hime.

82 Dubartii boolla bishaanii bira jirtutti hime, yeroo isheen jettu. . . Innis, "Deemi dhugaatii Naaf fidi," yookaan "Dhugaatii Naaf fidi."

83 Isheenis, "Gooftaa koo, Ati Yihudii taatee. . . warra Samaariyaa wajjin haasa'uun waan baratamee miti. Nutii fi isin waan walitti nu dhi'eessu hin qabnu" jetteen.

84 Innis, "Garuu osoo Eenyu waliin akka haasoftu beekta ta'ee, waan dhugdu Na gaafatta turte" jedheen. Haasaan isaanii itti fufe. Innis, "Deemi abbaa manaa kee waamii koottu" jedheen.

Isheenis, "Abbaa manaa hin qabu" jetteen.

Innis, "Waan gaarii jette, abbootii manaa shan qabda" jedheen.

Isheenis, "Gooftaa koo!" jetteen

85 Ishee fi isaan gidduu garaagarummaa jiru ilaalaa—isaan luboota bara sanaa turan, manni maree sun ifa guyyaa biraatiin walitti qabamanii kan jiraatan. "Inni seexaana!" Isaan jedhan, Wanta ta'e tokko irratti tokkummaa isaanitiif deebii kennuun dirqama, 'sababni isaas akkas gochuun waan barbaachisuuf.

86 Dubartiin gad of deebiftuun kun kan isheen goote, kun duraan dursee kan murtaa'e garaa ishee keessa Sanyiin jiru kun . . . Waantota adda addaatiin of jibbitee dadhabdeetti, akka dubartii sagaagaltuutti karaa irra joortetti. Garuu Sana yommuu argite, akkas jette, "Yaa Gooftaa koo, Ati Raajii ta'uu kee nan hubadha jetteen. Waggaa dhibba afuriif raajii tokko illee hin qabnu ture, Masiihichi yreroo dhufe garuu wantoota kana hunda akka Inni godhu nutti himameera" jetteen. Oo, maay! Sanyiin ishee keessa ture sun jireenya argatee utaale! Maalif? Hiikaa tokkollee hin barbaachisu ture.

87 Yesuus immoo, "Ani Isa sitti dubbachaa jiruudha." Sun hiikaa tokkollee hin barbaachisu ture. Inni dinqii hojjetee Masiihicha ta'uu isaa raggaasise, ameen, akkasumas akka kakuu Waaqayyootti dhuga baatii sirriitti galmeessise ("Waaqayyo Gooftaan keessan Raajii akka koo isiniif ni kaasa," jedhe Museen). Kun maali? Sagaleen Qulqulluun mul'achuu isaati!

88 Isheen gara magaalattii fiigdee, "Kottaa Nama Wantoota ani hojjadhe Natti hime ilaalaa. Kiristoos isa kana mitiiree? Kun Isa mitii? Waanan hojjadhe hundumaa natti hime."

89 Amma hubadhaa, Yesuus, Inni qaama Namicha sanaa keessa ture Yesuus kun dugda Isaa gara dunkaanatti garagalchee Saaraan dunkaana keessa teessee waan isheen yaaddu dubbate.

90 Sagaleen Waaqayyoo akkas jedha, Ibroota boqonnaa 4ffaa, irratti . . . Akkana jedha, "Sagaleen Waaqayyoo billaa qara lama qabu caala kan qaramee fi kan humna qabuu dha, lubbuu fi hafuura ribuu fi lafees hamma gargar baasutti kan qarame, yaada garaa namaa fi miira namaa isa gadi fagoo qoree ilaala." Sagaleedha! Raajiin tokko yeroo dhufu hundumaa, Sagalee qabatee dhufa. Dhaloota sanaaf Sagalee isaaniif ta'a. Inni immoo maal godhe? Raajii Yaada garaa namaa keessa ture kan qoru.

91 Kun immoo Yesuus Kiristoosin raawwatameera guutummaa Sagalee waan tureef.

92 Yesuus immoo, "Akkuma bara Sodoom ture, dhufaatiin Ilma namaas akkasuma ta'a" jedhe. Hafuurri Waaqayyoo bifa namaatiin lafa irratti ni dhufa ture, Waaqayyo foon namaatiin mul'ate (Ameen! Hubattanii?), Waaqayyo foon namaatiin Sodoomitti waan hojjete ni hojjeta. Yaadadhaa, Ilma abdachiifame eegaa turan. Akkasumas, sana booda, ilmi abdachiifame sun dhufe. Ilmi abdachiifame sun osoo hin dhufin dura, uuh, gareen Soodomii fi Abirahaam kan isaan argan mallattoon inni dhumaa kana ture. Kana hubattaniittuu? Amma immoo Waldaan isheen hafuuraa naannoo sa'aatii sanaa dhufteetti.

93 Namni tokko akkana naan jedhe, "Obboleessa Biraanhaam, 'namni sun Waaqayyo ture' nuun jettamoo?"

94 Macaafni Qulqulluun, Waaqayyo tureera! Hiikaa tokkollee hin barbaachisu. Inni Eloohimii dha. Abirahaam akkas jedhee Isa waame. Namni Macaafa Qulqulluu dubbisu kamiyyuu kana ni beeka. *Eloohiim*, "isa tokkicha Hunda danda'u." Inni Jalqabaa kan ture, Isa Xumuraa ture; Jalqaba, Xumura. Eloohiim! Abrahaam "Eloohiim" jedhee Isa waame. *Waaqayyo*, qubee guddaadhaan, afaan Ibrootaatiin, *Eloohiim*; akkuma, "Jalqaba irratti Waaqayyo," Eloohiim.

95 Inni foonin kan muldhate, uffata namaa uffatee, nyaata namni nyaatu kan nyaate Eloohiim ture. Ameen! Kunis Waaqayyo bara isa dhumaatti foon namaa uffatee saba Isaa gidduutti akka mul'atuuf mallattoo dha! Ameen! Yesuus akkas jedhe, "Hojii Ani hojjadhu isinis ni hojjattu. Akkuma bara Sodoom ture, yeroo dhufaatii Ilma namaas akkasuma ni ta'a" jedhe. Ameen! Kan barbaachisu mul'ata malee; hiikaa miti. Kan gaafatus kana. Ameen. Sana ni amantuu?

Mataa keenya gadi haa qabannu.

96 Yaa Abbaa keenya isa samii irra jirtu, akkuma nutti dubbatte waadaas akkuma nuuf galte, galgala kana, har'a kakuu Kee gara Kee finna. Ati waadaa isaaniif galte. Si malee Eenyumtuu kan kakuu Kee jiraachisu hin jiru. "Ifni haa ta'u," yeroo jette ifni ni ta'e. Waan raawwateef, eenyumtuu isa hiikuu hin barbaachisu.

97 "Durbi ni ulfoofti," jennee, akkuma Isaayyaas raajicha caqasne, isheen ni ulfoofte; isheen ulfooftettii, mul'ata biraa hin barbaachisu. Kan ta'es kanuma.

98 Inni yeroo dhufe, Inni Beetaliheemitti dhalata jetterta, "Ati Beetaliheem, Yihudaa. Angafoota kan Isiraa'el, Yihudaa hunda keessaa ati xiqqoo mitii? Garuu Saba koo kan Bulchu si keessaaa ba'a."

99 Wantoonni Inni hojjete, fannoo irratti sagalee Inni baasu, akkamitti akka Isatti murtaa'e, miilli isaa fi harkoonni Isaa akkamitti akka waraanaman; "Inni Irra daddarbaa keenyaaf madaa'e, waa'ee yakka keenyaaf immoo ni daakame; nuyi nagaa akka argannuuf Inni adabame; madaa'uu Isaatiin fayyine."

100 Akkamitti akkas jedhe Daawit, "Lubbuu isaa si'ool keessatti hin dhiisu, Qulqulluun koos tortora akka argu hin eeyyamu" jedhe. Guyyaa sadaffaatti foon isaa tortoruuf qophaa'uu isaa dura sa'a torbaatamii-lama dura, Sagaleen Waaqayyoo akkana jedhe, "Inni ni ka'a." (Isaan reeffa Isaa hatanii deeman jedhan; ammayyuu akkasitti ni amanu.) Nuti garuu ni amanna, Gooftaa, Sagalee Kee! Inni nuuf mul'ateera. Yesuus Kiristoos ka'ee akkas jedhe, "Ani . . . Kunoo, ani yeroo hundumaa, hamma dhuma addunyaatti isin wajjinan jira" jedhe.

101 Halkan kana akka Ati as jirtu ni amanna. Akkuma dur turte, har'as halkan kanas Yesuus Kiristoos Isuma sana akka taate, ni amanna. Ammas Of mul'isuudhaaf kan Si fayyadan, ija, harka, luka, afaan, lubbuu, qaamota qofa barbaadda. Yaa Waaqayyo, galgala kana nu qulqulleessi, Yesus Kiristoos inni jiraataan nu gidduu jiraatee akka arginu. Inni Haa dhufu! Sana booda akka warra guyyaa sana dhufanii, "Goofta, Yesusiin arguu barbaanna," jedhanii akka warra fedhii guddaa qaban, akka warra Giriikotaa nuuf ta'a. Isaanis Isa arganiiru. Oo, yeroo Isa argan akkamitti haa gammadan!

102 Waaqayyo, Ati har'as isuma sana. Garaa keenya irraa yoo Si barbaanne Si arguu akka dandeenyu kakuu nuuf galtee jirta. "Yeroo xiqqoo, addunyaan Na hin argu" (kan hin amanne); "Isin garuu hamma dhuma biyya lafaatti, isin wajjin, isin keessa waanan jiraadhuuf, Na argitu." Ati Kaleessas, har'as, bara baraan isuma akka taate beekneerra.

103 Yaa Gooftaa, Sagaleen dubbatameera, barreeffameera, amma immoo Ulfina Waaqayyoof, haa raawwatamu, kunis immoo Sagalicha kan eegdu ta'uu kee agarsiisuf. Ameen. Waaqayyo isin haa eebbisu.

104 Amma Sarara kadhannaa waamun jalqaba. Biiliin amma kaardii kadhannaa akka kenneera jedhu nan amana, tokkoo hamma dhibbaatti, yookan waan akkasii. Inni amma as hin jiru. Jedhe . . . Lakkoofsi kaardii kadhannaa kanaa meeqa . . . Namni tokko dugda duuba dhaabatee naaf haa ilaalu . . . Sun ta'uu kan danda'u lakkoofsa—akkasuma—qubee (A, B, C, D, ykn . . .). Maali inni, A? Gaarii dha.

105 Mee A, lakkoofsa tokko, lama, sadii, afur, shan. Haala kanaan dhaabachuu eegalaa. A, lakkoofsa tokko, lakkoofsa lama, lakkoofsa sadii, lakkoofsa afur. Afur, namni dhaabate natti hin mul'atu. Kaardii kadhannaa lakkoofsa afur. Tokko, lama, sadii. Kadhannaa . . . tarii dhaabachuu hin danda'an ta'a. Hin danda'an yoo ta'e, mee kaardii nama isin cinaa jiru, sakatta'aa tarii kaardii qabaatanii ka'uu kan hin dandeenye ta'u. Ariitidhaan amma. Achi jira, afur. Shan, kaardii kadhannaa lakkoofsa shan. Ja'a, torba, saddeet, sagal, kudhan, kudha tokko, kudha lama. Lakkoofsi keessan yeroo waamame dafaatii gara kanatti as ba'aa. Lakkoofsa tokko, lama, sadii, dafaatii karaa

kanaan koottaa. Kaardii kadhannaa lakkoofsa tokko, lama, sadii, afur, shan, ja'a, torba, saddeet, sagal, kudhan, kudha tokko, bakkeewwan keessan qabadhaa. Kudha tokko, kudha lama, kudha sadii, kudha afur, kudha shan, kudha jaha, kudha torba, kudha saddeet, kudha sagal, digdama, digdamii-tokko, digdamii-lama, digdamii- sadii, digdamii-afur, digdamii-shan. Namni hin dandeenye yoo jiraate . . .

106 Dugda duuba irraa namni wiilcharii irra jiru natti mul'ata. Mucaa koo, maqaan kee yoo waamame, fi—yoo dadhabde . . . qofa, harka kee ol kaafadhu, gara kana yeroo dhuftu ni argina. Argitanii?

107 Dhukkubsataa kan taatan kaardii kadhannaa kan hin argatin meeqaa keessantu as jira? Bakka jirtanitti mee harka keessan, agarsiisaa. As irratti, sun sirrii dha, harka kee ol kaasi. Ni amantuu? Mee hamma isaan walitti qabanitti, Inni kaleessas bara baraanis isuma akka ta'e, ni amantuu? Meeqaa keessani? Tajaajiltoota kana ilaalaa; har'a Macaafni Qulqulluun hin dubbannee, obboloota koo, Nuti dadhabbii keenya irratti miira keenya tuquu kan danda'u Angafa Lubaa akka qabnu dubbata mitii ree? Sirrii dhaa? Meeqatu akkasitti amana, harka keessan ol kaasaa? Inni angafa Lubaa miira dadhabina keenyaatiin tuqamuu danda'uu dha.

108 Egaa Macaafni Qulqulluun, "Inni kaleessas har'as bara baraan isuma," yoo jedhe meeqaa keessantu sana amana? Egaa har'as akkamitti Inni akkas godha? Inni akkuma kaleessa hojjatetti hojjata. Sun sirrii dha mitii? Amma Inni eessa jira? Qaama Isaa irra mirga isa jabaa taa'ee jira, Qaamni Isaa; Hafuurri Qulqulluun Isa beeksisuuf, gamoo sana keessa jira.

109 Amma, kana hubadhaa. Nama ta'e tokkoon gaafa fiixeen wayyaa Isaa tuqame maaltu ta'e, gaafa dubartiin sun tuqxe? Jechuun kan danda'amu isheen kaardii kadhannaa hin qabdu turte, garuu, fiixee wayyaa Isaa ni tuqxe. Yeroo isheen fiixee wayyaa Isaa tuqxe, Yesuus of irra garagalee akkana jedhe, "Eenyutu Na tuqe?"

110 Pheexiroos immoo akkana jedhee, Isa ceepha'e, "Maaliif, Gooftaa, sun waan hiika kennu hin fakkaatu. Maaliif, namni hundi Si tuquuf yaalaa jira. Maaliif, 'Eenyutu Na tuqe' jetta?"

111 Innis akkana jedhe, "Garuu akkan dadhabe nan hubadha." Meeqa keessantu kana beeka? *Humna*, jechuun "ciminatu," Isa biraa deeme. "Namni tokko haala adda ta'een, waan Na tuqeef dadhabe." Dambaliin amantii sanaa garamii akka dhufe hamma argatutti Inni gara tuutatti garagalee ni ilaale.

112 Namoonni hundumtuu harka isaanii naannawaa Isaatti kaasanii, "Yaa Barsiisaa, Si amanna," kana hundumaas.

113 Garuu namni dhuguman Itti amante tokko turteetti. Isheenis uffata Isaa tuqxee akka fayyite amante, sababni isaas Isa yoo

tuqxe waanti ta'uuf akka jiru garaa isheetin amantee turte waan ta'eefi.

114 Gargalee hamma ishee argatutti dhaggeeffattoota ilaale, Inni akkana jedheen . . . rakkoon dhiiga keetii dhaabateera fayyiteerta jedheen. Sun sirrii dhaa? Ammas, Inni akkasumatti, saba gidduutti hojjeta.

115 Amma, kanan jechaa jiru Inni akkuma jiraataa ture ammas jiraataadha Inni hin duune jechaan jira. Macaafni Qulqulluunis yeroo dubbatu, Yesus ofii Isaatii yeroo dubbatu, "Akkuma bara Sodoom ture, dhufaatii Ilma namaa irrattis akkasuma ni ta'a" jedhe.

116 Amma ilaalaa, Waaqayyo kennaa akkamiiyyuu yoo qabaate, deebii ajaa'ibsiisaa kan kennu, kan biraa, as jiraachun dirqama. Macaafni yeroo dubbatu, gara magaalatti akka gale, "Sababa isaan amanuu dadhabaniif waan baay'ee gochuu akka hin dandeenye" ni dubbata. Sun sirrii dhaa? Har'as kanuma. Isa amanuu qabdu. Isa amanuun dirqama ta'a. Karaan isin qabdan kana qofa.

117 Sararri kadhannaa qophii dhaa? Amma, hundi keessan daqiiqaawwan kudhaniif hafuura keessa ta'aa. Nama hunda bira nan ga'a jechuu hin danda'u, namoota digdamii-shanii hamma soddomaa ta'an dhaabatan. Amma garuu, toora kadhannaa keessatti, tokkoon tokkoon keessan sarara kadhannaa keessa kan jirtan akkan isiniif keessummaa ta'e kan beektan, anis waa'ee keessan waan tokko illee kanan hin beekne, harkoota keessan ol kaasaa. Sarara kadhannaa keessa kan jirtan hundi keessan.

118 Waltajjii gidduudhaa, waa'ee keessan akkan hin beekne kan beektan, harkoota keessan ol kaasaa. Amma, amma, kunoo waanan jechuu barbaade, firoota koo, argitan. Kanuma. Tajaajiltoonni kun hundinuu waltajjii irra jiru. Kiristoos immoo abdii kenneera. Argitanii, barreeffamee jira. Yoom raawwatama? Dhufaatii Gooftaa Yesuus guyyoota muraasa dura. Sirrii dhaa? Yeroo sanatti raawwatamuu qaba ture.

119 Amma, har'a Sagaleen raajiin dubbatame kana. Ifa Luuter miti; ifa Wesilii miti; akkasumas ifa Pheenxeqoosxee illee miti. Darbee karaa itti fufee jira. Amma, kan Luuter yoo taatan rakkoo hin qabu; kan Meetodistii yoo taatanis rakkoo hin qabu; Baaptistis rakkoo hin qabu; hundumti isaanii, Pheenxeqoosxeenis, gaarii dha. Halkan kana gosti hunduu as taa'anii jiru. Nama dhuunfaa miti—nama dhuunfaa miti—miti. Osoo akkas ta'eera ta'ee . . .

120 Akka warra Meetoodistiitti waa'ee Luuter gonkumaa dubbachuu hin dandeessan ture, 'sababni isaas inni qulqullaa'uutti waan amanuuf Luuter garuu akkas miti. Argitanii?

121 Pheenxeqoosxeen tokko sirreeffama kennaa ayyaanaa yoo arge, "xumurri isaa qulqullummaa dha" jechuu hin dandeessan. Inni kana hin amanu. Waan sana caalu waan argeef, hin amanu. Argitanii? Akkasumas nuti bara waldaa kiristiyaanaa isa dhumaa keessa jirra waan ta'eef, barri waldaa kan biraa akka hin jirre Macaafni Qulqulluun dubbateera.

122 Garuu walga'iin ummataa itti fufa, argitanii, kunoo nutis jirra. Amma, mallattoo isa dhumaa, yaadadhaa. Ilma abdachiifame sana barbaadaa jirraa? Harka keessan ol kaasaa. Kiristoos keessa ta'uudhaan Sanyii Abirahaam ta'uu keessan ni amantuu? Harka keessan ol kaasaa. Sana booda, isin sanyiin Abirahaam mallattoo keessan fudhadhaa! Sun Baabiloonitti hin argamu, dhaabbilee amantaattis hin argamu. Isin wanta babbadaa ta'e keessa kan hin jiraanne, kunoo isin gidduu jiraa. Isa amanaa!

123 Kunoo dubartiin tokko, kan umuriin fakkaataa koo taatu, isheen anaaf gonkumaa keessumaa dha. Dubartii kana bara jireenya koo keessatti argee hin beeku. Dhukkubsattuu yoo taate, ishee fayyisuu yoon danda'e nan taasisa. Ani waa'ee ishee waan tokko illee hin beeku. Yeroo muraasa dura harka ishee yeroo baaftu ishee argitanii? Ani—Ishee argee hin beeku. Anaaf dubartii ishee achi dhaabattee dha.

124 Har'a kaardiiwwan kadhannaa achi jiran qabatanii dhufanii, hunda isaaniitu waliin makanii sabaaf qoqqoodaniiru. Inni tokko asitti lakkoofsa tokko argate, lakkoofsa kudhanis achi duubatti deebi'e, lakkoofsa kudha shan, lakkoofsa torba, lakkoofsa . . . haaluma kanaan. Yeroo hunda, hundi isaanituu, isin fuulduratti, waliin makama. Sana booda, yeroo waamamani kallattii hundumaan hunduma irraa ni waamama. Argitanii? Amma immoo, kaardii kadhannaa qabachuu isin hin barbaachisu, garuu achi taa'aatii amanaa. Maaliif hin taane . . .

125 Galgala kana mataa keessan qimmiidaatii bara keessa jirru qoradhaa. Argitanii? Firoottan, amma mee, raawwatamuuf dhi'aateera. Ga'e raawwatamufi!

126 Egaa, Waaqni Abirahaam Yesuus Kiristoos du'a keessaa kaasera yoo ta'e, akkasumas Yesuus guyyoota dhumaa keessattis mallattoon wal fakkaatu akka mul'atu abdii kenne akka Abirahaam . . . Ergamaan (inni foon namaa uffate Waaqayyo ture) Abirahaam fuulduratti waan walfakkaataa godhe, ilmi abdachiifame osoo hin dhufin dura, Yesuus har'as waan walfakkaataa ta'a jedhee nuti himaa jira.

127 Amma, atoomikii fi waldoonni amantii, akkasuma kanneen kana fakkaatan, jeequmsa isaan keessa galan argineerra. Biilii Girahaam, fi Oral Roobartis, namoonni biraas bakka seenan argine; ergamoonni Pheenxeqoosxee fi ergamoonni dhaabbilee hundi, ergaa sana qabatanii, osoo deemanuu argaa jirra. Biilii Girahaam, hayyuu cimaa ti'ooloojii, waldaan amantii kan itti

amanan. Oraal Roobertis, fayyisaa hanga beekamaa, akkuma warra Pheenxeqoosxee. . .

128 As irratti garuu ilaalaa, Sanyii Abirahaamiif kakuun galamteef ni jirti. Isaan achitti dhaabbilee gidduu achi jiru; dhaabbilee wajjin ta'uu *kan* dadhabde waanti tokko ni jira, saba walitti qabuu. Hamma boru halkaniitti ni dhiifna.

129 Ilaalaa ani dubartii sana hin beeku. Dugda koo gara isheetti nan deebisa. Tarii, dhimma dhuunfaa irratti—yookan dhimma maallaqaa irratti, Gooftaan dubartii kanatti yoo waa dubbate, tarii dhukkuba ta'uu danda'a; ani hin beeku. Dhugaa ta'uu fi dhiisuu isaa isheen ni qorti.

130 Akkuma dur gochaa ture galgala kanas Inni akkasuma yoo godhe, Yesuus Kiristoos guyyoota bara dhumaa nan dhufa kan jedhe Waaqayyoo. . . akka as jiru ni amantaa? Amma nuti akka bara Soodomitti akka jiraataa jirru, addunyaa guutun gara haala Soodom ta'uutti galaa akka jirtu meeqaa keessantu kana amana? Galgala kana kanan isinitti hime Dhugaa akka ta'e meeqaa keessantu amana? Egaa, isin ijoollen Abirahaam fi Sanyiin isaa, Waaqayyoon amanaa!

131 Amma, dubartittii fuuldura kootti ilaala waan tokko jechuuf yoon yaale sammuu keessan keessa waa deddeebi'ee dhufa, fuula ishee ilaalaa, yookan waa'ee teleepaatii beekuu waan beekuu barbaaddan hunda argachuu. Namni waa'ee teleepaatii beeku sana irra kan caalu beekkumsa qabaachutu irra jira. Argitanii? Argitanii? Namni telepaatist osoo Wangeela lallabuu argitanii beektuu? Yookan raajii fi dinqii gochaa, Yesuus Kiristoos isuma ta'uu labsaa, Wangeela kan lallabu qorataa hafuuraa argitanii beektuu? Lakki.

132 Argitanii, callisee. . . yaada namaati. Argitanii, isaan jaamaa dha. Isaan jaamaa ta'uu akka danda'an ni amantuu? Macaafni Qulqulluun akka akkas ta'an dubbateera. Kun sirriidhaa? "Warra ariifatan, warra sammuu ol aanaa, jaalala Waaqayyoo caalaa gammachuu kan jaallatan, warra araara cabsan, himattoota sobaa, warra of hin qabne, warra waan gaarii ta'e jibban, bifa waaqeffannaa ni qabu, garuu Humna isaa gananiiru."

133 Yesus hin jennee, Maatiwoos 24:24 irratti, hafuuronni lamaan sun baroota dhumaa keessa osoo danda'amee warra Filataman hanga, gowwoomsanitti qaqqabu hin jennee? Garuu hin danda'amu. Jalqaba irratti yaada Waaqayyoo keessa turan, isaanis qaama Waaqayyoo keessaa tokko.

134 Ammas, Waaqayyo kan Abirahaam, kan Yisihaaq, kan Yaaqoob, waa'ee Dhugaa akkan dubbachaa jiru galgala kana haa beekamu. Inni Suma dha, Gooftaa. Gad of deebisuudhaan gabroonni Kee yaada mataa isaanii karaa irraa haa maqsani, qaama keenya Ulfina Keetiif itti fayyadami, Maqaa Yesuus, Ilma Waaqayyootiin. Ameen.

135 Kennaan maali? Waan fudhattee ciccirtee garagalchitu miti. Lakki, lakki. Waaqayyo akka sitti fayyadamuu danda'uuf ofii kee karaa kennuufin beekumsa. Kennaan ofii kee karaa kennuufii qofa, sana booda Waaqayyo itti fayyadama.

136 Giiftiin na duubaan jirtu kun amma yoo hin fayyine isheen du'uuf jirti. Giiftiin na duuba jirtu kun dhiyootti, namni biraa kadhateefii jira. Kaansarii qabdi. Kaansarichi harma ishee keessa jira akkasumas somba ishee keessas jira. Kanaaf dhiheenya kana kadhatameefii jira, isheen immoo fayyina ishee amantiidhaan fudhachuuf yaalaa jirti. Sunis GOOFTAAN AKKAS JEDHA! Dhugaadhaa, giiftii? [Obboleettiin akkas jette, "Eeyyee, dhugaa dha."—Ed.] Yoo dhugaa ta'e, harka kee gara sabaatti raasi—harka kee raasi. Waaqni Abrahaam amma iyyuu jiraataa dha! Tole, deemi itti fufii amani ni fayyita. Ameen.

Ni amantaa? Atis jetteetta, "Dhaggeeffattoonni hoo?"

137 Sarara isa xumuraa irratti . . . dubartiin ishee wajjin as teessee jirtu, giiftiin isheen lammaffaa irra jirtu. Yeroon achi garagale, naannoo ciqilee isheetti waan tokkon arge, dhiigni ishee akka malee yeroo rukutun arge. Dhiibbaa dhiigaa ol'aanaa qabdi. Sirriidhaa giiftii? Harka kee ol kaasi. Yoo amante dhiibbaan dhiigaa kee gadi bu'a. Waaqni Abrahaam ammallee bakka sana ni jira. Sagaleen Waaqayyoo guyyaa kanas, akkuma bara duriiti!

138 Akkam jirta? Amma ni amantaa? Waaqayyo irratti amantii qabaadhu! Mucaa xiqqoo fakkaatta. Giiftii dargaggeettii, ani hin beeku, Waaqayyootu beeka garaa kee. Waaqayyo rakkina kee akka natti mul'isu ni amantaa? Yoon mul'isuu danda'e ni amantaa? Waa'ee kee miti, nama biraatiif, sun obboleessa keeti. Innis baay'ee cimaadha, magaalaa gara kaabaa, Tuularee keessa jira. Innis hospitaala keessa jira, dhibee dhiigaa qaba, doktoroonni abdii kutanii akka du'uuf isa kennaniiru. Gonkumaa abdii hin qabu. Sirriidha. Amantaa? [Obboleettiin boo'aa akkas jette "Eeyyee."—Ed.] Tole. Harka kee keessatti maal qabatte? Sana fudhadhuu isa irra kaa'i. Hin shakkin, amani. Ameen.

139 Ni Amantuu? Jireenya koo keessatti giiftii kana argee hin beeku. Waaqayyo garuu yeroo hunda Waaqayyo dha! Amma, mee natti himaa namni kana gochuu yoo danda'e. Kana gochuuf dandeettii ilma namaa miti. Yesus Kiristoos baroota dhumaa irratti isa kakuu gale amma asitti kan ta'e dha akkuma bara Soodom ture (Sanyii Abrahaam duratti) ofii Isaa ibsuuf kan jiru Waaqayyo.

140 Amma kunoo, giiftii sana hin beeku, nuti waliif keessummaa dha, jireenya keessatti yeroo jalqabaaf wal argine jedheen tilmaama. Garbicha Isaa ta'uu koo na amantaa? [Obboleettiin akkas jette, "Eeyyee."—Ed.] Kun Dubbii isaa ta'uu ni amantaa? ["Eeyyee."] Kana ni beekta yoo ta'e, amma illee Sagaleen kun

yaadaa fi akeeka garaa qoree kan adda baasu dha. Sirrii dhaa? ["Sirrii dha."] Sagalichi Fayyisaa dha, akkasumas, yoo Itti amanuu dandeesse. Atis ni taasifta. Ati illee, gaaddidduu dukkanaa'aa, ta'een golboobamtee jirta. Innis kaansarii dha. Akkasumas Waaqayyo kaansariin sun eessa akka jiru natti himuu akka danda'u ni amantaa? Garaacha gadii keessa, siin jedhe doktorri. Amma akka fayyitu ni amantaa? ["Ameen."] Deemi, gonkumaa hin shakkin, Waaqayyos si fayyisa. Ameen.

141 Hundi keessan, amantanii? Akkuma Inni nan godha jedhee waadaa gale qofa! Waaqayyo irratti amantii qabaadhaa, hin shakkinaa.

142 Nuti waliif keessummaa dha. Ani si hin beeku. Yoo waliif keessummaa taane, dhaggeeffattoonni sana haa beekan, harka keenya wal qabanna. Dubartii kana gonkumaa argee hin beeku.

143 Achi gama sana ni amantuu? Yesus Kiristoos akka ta'e amantaniittuu? Inni maali? Sagalee Isaati. Namoonni kun yeroo Isa morman, namicha miti kan morman, isaan Sagalichaan mormani. Gara alaatti kan ba'e Sagalicha, deebi'ee galuu ni danda'a.

144 Amma, giiftiin sun anaaf keessummaa dha. Bara jireenya koo keessatti ishee argee hin beeku. Kan nama Fayyisu Waaqayyoo dha. Tarii fayyinni ta'uu dhiisuu ni danda'a, waanta biraaf ta'uu danda'a, garuu Waaqayyo rakkoon kee maal akka ta'e yoo naaf ibse, ni amantaa? Dursa akka siif kadhatamu kan barbaaddeef, gurra baay'ee si miidhame, waan qabduufi. Gurra kee isa tokko, gonkumaa ittiin dhaga'uu hin dandeessu. Sirrii dha. Sun dhugaadha. Kan biraas araada tokko qabda, araadni sun akka si irraa badu barbaadda, araada sigaaraa xuuxu ti. Amma quba kee gurra kee isa fayyaa keessa kaa'i, tole, gurra kee isa fayyaa. Tole. Amma Waaqayyoon amanii karaa kee irra deemi, hin mamin . . . akkasumas yoo amante kana booda sigaaraa hin xuuxxu. Deemi, Gooftaan si haa eebbisu.

Waan ta'e argitan. Inni Dhugaa mitii ree?

145 Ani si hin beeku, nuti waliif keessummaa dha. Bara jireenya koo keessatti si argee hin beeku, garuu Waaqayyo si beeka. Waaqayyo waa'ee kee yoo waa natti hime ni amantaa?

146 Dhaggeeffattoonni hundi ni amantuu? Namni ala jiru dubartii kana kan beeku jiraa? Dhaggeeffattoota keessaa namni dubartii kana beeku jiraa? Tole, kun dhugaa ta'uu fi dhiisuu isaa ni beektu. Kanatu xumura. Kun dhugaa isaa mul'isa.

147 Amma daqiiqaawwan muraasa darban keessatti waan ta'e arguu dandeessanii jirtu. Argitanii? Innii . . . ana raasaa jira. Argitanii? Yeroon garaa keessa ilaalu, wanti hundi natti dukkanaa'aa jira. Argitanii, Inni Hafuura Qulqulluu dha. Inni ana miti. Inni Sagalee abdii bara kanaaf kennamee dha. Bara ergamootatii kaasee hamma hammaatti, ta'ee hin beeku. Garuu yoomifi kan jedhame, "Dhufaatii Ilma namaa dura. Akkuma

bara Loox ture, dhufaatii Ilma namaa irrattis akkasuma ta'a." Warri hin amanne Itti hin amanan. Itti amanuun isaan irraa hin eegamu. Garuu amantoonni Itti amanu!

148 Amma, yoo Hafuurri Qulqulluun kana mul'ise, meeqa keessantu garaa keessan guutudhaan amana, harka keessan ol kaasaa?

149 Balaa si irra ga'etu jira. Balaa konkolaataatu si mudate, lafeewwan dugdaa tokko tokko morma kee keessaa laaffiseera. Dabalataanis kaleen kee bakka gadi lakkiftee jirti. Sirrii dha mitii ree? [Obboleettiin akkas jette, "Eeyyee, gooftaa koo."—Ed.] Amantaa? ["Eeyyee gooftaa koo."] Nagaa taata. Gooftaa galateeffadhu.

150 Waaqayyo rakkina kalee akka fayyisu ni amantaa? Sana booda itti fufii fayyina kee fudhadhu.

151 Koottu, giiftii. Gara kana ilaali. Waaqayyo rakkina laphee kee irraa akka si fayyisu ni amantaa? Tole, karaa kee irra deemi amani, lapheen kees fayyaa ni ta'a.

152 As koottu. Waaqayyo dugda kee, akka fayyisuu danda'u ni amantaa? Itti fufii amani egaa.

Waaqayyoon amanaa qofa, kan isin irraa eegamu kana qofa!

153 Koottu, giiftii. Waaqayyo rakkina garaa irraa akka si fayyisa ni amantaa? Deemi, irbaata kee nyaadhu, garaa kee guutuun amani.

154 Koottu. Waaqayyo dhukkuba artiriitis irraa si fayyisuu akka danda'u ni amantaa? Ergasii deemi, amanii, akkasumas. . . Waaqayyos si fayyisa.

155 Tole, koottu. Garaa kee guutuun ni amantaa? Ni amantaa? Dhukkuba artiraatis, ammas. Waaqayyo akka si fayyisuu danda'u ni amantaa? Itti fufi, amani, jedhi, "Galatoomi, Gooftaa koo."

Meeqa keessantu amantaa? Amantanii?

156 Giiftiin sun uffata diimaa kan uffatte kan teesse, harka ishee kan ol kaafte, dhiibbaa dhiigatiin rakkachaa jirta. Waaqayyo akka si fayyisuu danda'u ni amantaa? Ati ni amantaa? Tole. Harka kee giiftii si cinaa jirtu sana irra kaa'i, sagaleen ishee gaarii ta'uuf akka jiru itti himi. Ameen.

Kunoo akka kana. Ameen. Amanteettaa? Amantii qabaadhu!

157 Kunoo namicha achi taa'e sana, qaama isaa keessatti dhiigatu gadi yaa'a. As kan teesse, gooftaa, ni amantaa? Eeyyee, rakkoo dhiigaa gadi yaa'uu qabda. Akka fayyitu ni amantaa?

158 Giiftiin si cinaa jirtus dhiigni ishee ni dhangala'a, rakkina dugdaas qabdi. Waaqayyo akka isin fayyisu ni amantuu? Amantanii? Harka keessan ol kaasatii fudhadhaa. Amani.

159 Giiftiin si cinaa jirtu kun miila ishee fi dugda ishee irratti rakkina qabdi. Sirriidhaa ni amantaa, giiftii? Akka fayyitu

ni amantaa? Tole, harka kee ol kaasi, akkana jedhi, “Ani fudhadheera.”

160 Tole, giiftiin isheen ishee cinaa jirtu infekshinii qabdi. Waaqayyo infekshinii akka fayyisu ni amantaa, shamarreen ilaaltuu ijaa keewwattee? Harka kee ol kaasii, akkana jedhi, “Ani fudhadheera.” Tole, amani.

161 Giiftiin ishee cinaa jirtu rakkoo kalee qabdi. Waaqayyo rakkina kalee ni fayyisa jettee amantaa, giiftii? Tole harka kee ol kaasi, fudhadhu.

162 Mucattiin xiqqoon ishee cinaa jirtu dhukkuba dhiitoo mormaa qabdi. Waaqayyo achitti dhukkuba dhiitoo mormaa akka fayyisu ni amantaa? Harka kee ol kaasi, fudhadhu.

163 Meeqa keessantu garaa keessan guutudhaan amanaa? Sana booda miila keessanii dhaabadhaatii fudhadhaa. Fuula Waaqa Abrahaam, waaqa Yisihaaq, fi waaqa Yaaqoob duratti Ka’aa.

164 Maqaa Gooftaa Iyyasuus Kiristoosiin, Hafuurri Qulqulluun amma gamoo keessatti bu’ee nama hundumaa Argamuu Waaqummaa isaatin haa fayyisu!

64-0205 Waaqayyo Hiikaa Mataa Isaati
Iddoo Agarsiisa Kaawunti Kerni
Baakersifiildi, Kaalifoorniyaa U.S.A.

OROMO

©2025 VGR, ALL RIGHTS RESERVED

VOICE OF GOD RECORDINGS
P.O. BOX 950, JEFFERSONVILLE, INDIANA 47131 U.S.A.
www.branham.org

Beeksisa mirga waraabbii

Mirgi abbummaa seeraan kan eegamedha. Kitaabni kun akka meeshaa Wangeela Yesuus Kiristoos babal'isuuf gargaarutti, maxxansaa manaatiin maxxanfamuun dhuunfaatti fayyadamuuf ykn kaffaltii malee kennamuu ni danda'a. Kitaabni kun hayyama barreeffamaa ifa ta'e Voice Of God Recordings® malee, gurguramuu, baay'inaan baay'isuu, marsariitii irratti maxxanfamuu, sirna kuusaa keessatti kuufamuu, afaanota birootti hiikuu, ykn maallaqa gaafachuuf itti fayyadamuun hin danda'amu.

Odeeffannoo dabalataaf ykn meeshaalee biroo jiran yoo barbaaddan, maaloo teessoo armaan gadii fayyadamuun nu quunnamaa:

VOICE OF GOD RECORDINGS
P.O. BOX 950, JEFFERSONVILLE, INDIANA 47131 U.S.A.
www.branham.org